# Talaallii Hib

(*Heemoofilasii Infuleenzaa*gosa b)

## *Maal beekuu barbaaddu*

Many Vaccine information Statements are available in Spanish and other languages. See www.immunize.org/vis
Hojas de información sobre vacunas están disponibles en español y en muchos otros idiomas. Visite www.immunize.org/vis

## 1 Maaliif yaalamtan?

*HeemoofilasiiInfuleenzaa*dhukkuba gosa b (Hib) dhukkuba hamaa baakteeriyaadhaan muudatuudha. Yeroo hedduu daa'imman umurii waggaa 5 gadii miidha. Akkasumas ga'eessota rakkoo fayyaa biroo qaban miidha.

Daa'imni kee daa'immaniifi ga'eessota birootti dhihaachuudhaan baakteeriyaa kan qabanitti dhihaachuudhaan ykn karraa hin beekamneen dhukkuba Hib qabamuu danda'u. Jarmiin nama tokkoo gara birootti darbuu ni danda'a. Yoo jarmiin funyaaniifi qoonqoo daa'immanii keessa ture, daa'imni dhukkubsachuu hin danda'u. Garuu yeroo tokko tokko jarmiin gara sombaa ykn seelii dhiigaa keessatti tamsa'uu kandanda'uufi Hib rakkinoota hamoo qaqqabsiisuu danda'a. Kuni dhukkuba Hib daddarbaa jedhama.

Talaallii Hib dura, Ameerikaa keessatti daa'imman umuriinisaanii waggaa 5 gadiitti dhukkubni Hib baakteeriyaa meenjaayitsii /meningitis akka muudatu taasisa. Meenjaayitsii /Meningitis dhukkuba sararasammuufi lafee dugdaa/ ispaayinaalkoordiiti. Manca'ina sammuufi jaamummaa qaqqabsiisa. Dhukkubni Hib akkasumallee kan qaqqabsiisu:

- Dhukkuba sombaa
- Qoonqoo keessatti madaa cimaa, harganuudhaaf haala rakkisaa uumuuu
- Dkukkubbii dhiigaa, hidhataa, lafeefi haguuggii laphee
- Du'a

Osoo talaalliin Hib hin eegalin dura, daa'imman 20,000 ta'an umuriinisaanii waggaa 5 gadi ta'an waggaa waggaadhaan dhukkuba Hib isaan qabafi 3% - 6% ta'an du'anii jiru.

Talaalliin Hib dhukkuba Hib ni ittisa. Erga talaalliin Hib jedhamu kennamuu eegalee, muudachuun dhukkuba Hib 90% gadi bu'ee jira. Osoo talaallii dhaabnee, daa'imman hedduun dhukkuba Hib kan qabaman ta'u.

## 2 Talaallii Hib

Talaalliin Hib madda gosa adda addaa hedduun ni argamu. Talaallii fayyadawanirratti hundaa'uudhaan daa'imni keessan doozii 3 ykn 4 kan fudhatan ta'u.

Hammi talaallii Hib yeroo baay'ee umurii kanattik ennama:

- Doozii Jalqabaa: Umurii ji'oota 2
- Doozii lammaffaa: Umurii ji'oottan 4
- Doozii sadaffaa: umurii ji'oota 6 (yoo barbaachisaan yoo ta'e, madda talaallii irratti hundaa'uudhaan)
- Dhuma/Dooziiol'aanaa: Umurii Ji'oota 12-15

Talaalliin Hib akkuma talaallii biroo ni kennama

Talaalliin Hib akka qaama talaallii walittifiduun ni kennama. Talaalliin walitti makuu kan uumamu gosoonni talaalliiwwan lamaafi isaa ol walitti makamanii akka tokkootti kennamaniidha, kanaaf talaalliin tokko dhukkuboota hedduu ittisuu danda'a.

Daa'imman umuriin isaanii waggaa 5fi ga'eessonni yeroo hedduu talaallii Hib hin barbaadan. Garuu daa'imman umuriin isaanii umuriinisaaniicaaleefi ga'eessota aspileeniyaa ykn dhukkuba gogaa, lilmoon dhabamsiifamuun dura, ykn lafeen dhukaa deebisanii bakka buusuu waliin walqabate. Akkasumallee namoota umuriin isaanii waggaa 5 hanga 18 ta'aniifi HIV qabaniif ni kennama. Ibsa dabalataaf Doktora/Ogeessa Fayyaa keessan dubbisaa.

Doktorri ykn namni talaallii isiniif kennu odeeffannoo dabalataa isiniif ni kennu.

## 3 Namoonni muraasni talaallii kana hin fudhanne

Talaalliin Hib daa'ima torbee 6 hin kennamu.

Namni erga talaallii Hib fudhatee booddee miidhaan hmaan lubbuu miidhuu danda'u isa muudate fykn sababa talaalli Kanaan miidhaa hamaa qaama irra qaqqabeef talaallii Hib hin fudhatu. *nama talaallii fudhatuu waa'ee miidhaa talaallii ibsuuf.*

Namni muraasa dhukkubsate talaallii Hib kan fudhatu ta'a. Namoonni muraasa ykn daraan dhukkubsatan hanga fayyanitti kan eegan ta'a. Yoo guyyaa sagantaa irratti talaalliin miira gaarii isiniif kennuu baate tajaajila fayyaa dhiheessaa keessanitti himaa.

U.S. Department of Health and Human Services
Centers for Disease Control and Prevention

## 4 Bu’aa rakkina talaallii

Qoricha kamiyyuu waliin, Talaalliiwwan dabalatee carraan miidhaas ni jira. Kuni salphaafi ofiisaan deemuu kandanda’uudha. Rakkin ni hamaa ta’es ni danda’ama garuu darbee darbeeti.

Namoonni hedduun talaallii Hib argatan isaawaliin rakkinoota tokkollee hin qaban.

**Rakkinoota muraasa** Talaallii Hib walqabatee:
- Iddoo kennameen diimachuu, ho’ina ykn dhiita’uu.
- O’a qaamaa

Rakkinoonni kuni dhaabbataa miti. Yoo muudatan, qorichi kennamee guyyaa 2 hanga 3 guddtti mudata.

### Rakkinoota talaallii kamiyyuu booddee muudatan:

Qorichi kamiyyuu miidhaa hamaa qaqqabsiisuu danda’a. Rakkinoonni akkasii kuni baay’ee muraasa, qorichoota miiliyoona keessaa muraasafi talaalliibooddeedaqiiqa wwanmuraasaa fi sa’aatiiwwan muraasa booddee kan muudatu ta’a.

Akkuma talaallii biroo talaalliin miidhaa hamaa ykn du’a qaqqabsiisan baay’ee muraasa.

Daa’imman guddatan, dargaggoonnifi ga’eessoonni talaalli kamiyyuu booddee rakkinni kuni isaanmuudachuu danda’a.
- Yeroo tokko tokko namoonni erga yaala fudhatanii booddee, talaallii dabalatee ni dadhabu. Daqiiqaawwan 15 taa’uun ykn boqachuun dadhabbiifi miidhaa kufuu dhufuni ittisa. Yoo dhiphatte, ykn agartuun yoo jijjiirame ykn gurra keessaa kan iyyu yoo ta’e Doktorakeetti himi.
- Namoonni muraasni gateettiirratti dhukkubbii hamaa kan isaan muudatuufi wayita qorichi kennamutti harkisocha’uu hin danda’u. Kuni darbee darbee muul’ata.

Qulqullummaan talaallii to’atamee jira. Odeeffannoo dabalataaf: **www.cdc.gov/vaccinesafety/**

## 5 Yoo rakkinni hamaan jiraate hoo?

### Maalan barbaadaa?

- Dhimma isini laallatu ilaalaa, fakkeenyaaf **mallattoolee miidhaa miiraa dhukkubbii hamaa a boowwoo baay’ee hamaa, ykn jijjiirama amalaa.**

Akka hayyama eegumsa fayyaa Kennuufi, haala gabaas Talali sirritti, qoranno talalitifi, saganta gaha tahe, Talale fuul duraatif gabaasni ni ergama eegumsa gaime fooyyessu Michiganifi, Namoonni dhunfaa, akk gaafatan dhaabbat gargaars fayyaa isaaniif kennu, akka gaabaas talale full duraa akk galmeet hin ergin Mirga qaban.

Mallattooleen adanyoo miidhaa dhukkubbii hamaa kan dabalatu, adda bahuu, dhiita’uu fuulaafi qoonqoo, rakkina hargansuu, ceeqamuufi dadhabbiidha. Kuni talaallidhaan booddeed aqiiqawwan muraasaan booddee hanga sa’aatiwwan muraasatti kan eegalu ta’a.

### Maal gochuutu naaf ta’aa?

- Yoo miidhaa hamaa kan qaqqabsiisu ta’e ykn muddama eeguun hin danda’amne ta’e, 9-1-1 irratti bilbilaa ykn nama Hospitaalaatti dhihaatu dubbisaa. Kana yoota’uu baate garuu, doktora/ogeessa fayyaa keessan dubbisaa.
- Kana booddee, gochi sirna gabaasa miidhaa talaalliif (VAERS) kan gabaafamu ta’a. Doktarri/Ogeessi fayyaa keessan gabaasa kana ni galmeessa, ykn ofiikeessaniif weebsaayitii VAERS tiin hojjechuu ni dandeessu**www.vaers.hhs.gov**, ykn bilbila**1-800-822-7967**.

*VAERS gorsa yaalaa hin kennu.*

## 6 Sagantaa Beenyaa Talaallii Miidhaa Biyyoolessaa

Sagantaan Beenyaa MiidhaaTalaallii Biyyoolessaa (VICP) kan qophaa’e namoota sababa talaalliwwaniinmiidhamaniif beenyaa kennuufidha.

Namni talaalliidhaan miidhamuu isaa amanu waa’ee sagantaa kan baratuufi waa’ee gaaffii guutuu bilbiluudhaan **1-800-338-2382** ykn wiibsaayitii VICP do’achuudhaan **www.hrsa.gov/vaccinecompensation**. Beenyaa gaafachuudhaaf daangaan yeroo ni jira.

## 7 Akkamittan hedduu barachuu danda’aa?

- Doktara/Ogeessa fayyaa keessan gaafadhaa. Inni ykn isheen saamsaa talaalliiseenu isiniif kennuu ni danda’u ykn madda odeeffannoo biroo caqasaa.
- Qajeelcha fayyaa naannoo ykn bulchiinsa keessaniif bilbili.
- Giddugala To’annaafi Ittisa Dhukkubaa (CDC) qunnamaa:
  - **1-800-232-4636** (**1-800-CDC-INFO**) bilbilaa ykn
  - mersaritii CDC **www.cdc.gov/vaccines** ilaalaa

DCH-0449O
AUTH: P. H. S., Act 42, Sect. 2126.

Vaccine Information Statement

# Hib Vaccine - Oromo

4/02/2015

Office Use Only

42 U.S.C. § 300aa-26

Translation provided by Minnesota Department of Health